

DHAAMSA CHO GARA WARRAA

Xalayaa kana kan an gara warraa, guddistootaa fi bartoota Viktoriyaanotaatti barreessaa jiruuf dadabraa dhibee coronavirus (COVID-19) Victoria keessatti hir'isuuf tokko tokkoo maatii irraa gargaarsa gaafachuuf.

Yeroon boqonnaaf cufmuu mana barmootaa dhihaataa waan jiruuf eegannoo mataa keenyaa fi maatii keenyaa saphlaatti ilaaluu hin dandeenyu. Nu fi dhibeen kun deebi'ee babal'achuu gidduu garaagarummaan jiru itti fufnee waan hojjannu irratti hundaawa.

Bakka deemtu hundatti balaa dhibeen kun qabu yaadadhu. Namootni kaan dhibee kana qabaachuu waan malaniif qaamaan wal irraa hiiquu amaleeffadhu.

Yeroo ammaa kanatti dhibeen kun lakkoofsi isaa kan baatiilee lama dura agraa turre caalee jira. Victoria keessatti lakkoofsi dhibee kanaa dabaluuuf sababni isaa maatii walitti dhufanii fi qaamaan wal irraa hiiquus tahe qulqullina eeggachuuf gorsa kenname namoota hin hordofin irraa akka tahe ragaan amma jiru ni akeeka.

Amma illee weerara dhibee kana keessa jiraachuun keenyaa fi lubbuun namootaa gaaga'ama keessa jiraachuun carraa badaa dha. Lakkoofsi dhibee kanaa hanga xiqqaan guyyoota yertuu keessatti dhibee dhibbootaan lakkaayaman tahuu akka danda'u addunyaa guutuu irraa agraa jirra.

Kun bakka nuuf malu waan hin taaneef - yeroo dandeenyu kanatti – tattaafachuu qabna.

Kanaaf, qoqqobbii ture keessa deebinee haareessaa fi hojii irra oolchaa jirra. Lakkoofsi keessumoota manatti si dubbisani amma shanitti gadi bu'ee jira. Maatii fi hiriyootni alatti hanga namoota kudhanitti wal gahuu danda'u.

Hawaasni mana barmootaa akka itti aanu kanatti gargaaruu danda'n:

- Ala yeroo hawaasa keessa jirtu of eeggadhu.
- Manattis of eeggadhu. Kana jechuun namoota arguu qabdu qofa argi. Maatiin baay'atee walitti dhufuu hin barbaachisu. Qaamaan wal irraa hiiquu fi qulqullinas akka gaarii eeggachuu yaadadhu.
- Nyaata yookaan dhugaatii kee irraa namootaaf hin qoodin.
- Yoo ati, yookaan maatii kee keessaa namni dhukube - mana turi. Hiriyoootaa fi maatii dubbisuu hin deemin. Yoo si dhukube boqonnaaf bakka biraa hin deemin; dalagaas hin deemin. Yoo ijoollee kee dhukube gara mana barmootaa, oolmaa daa'immanii (childcare) yookaan oolmaa ijoolleetti (kindergarten) hin ergin – mana haa turan.
- Yoo mallattoo dhukuba kanaa qabaatte, ilaalami.

Irra hedduun Victoriyaanotaa dhibee kana dhorkuuf waan sirrii tahe raawataa jiran, garuu dhibeen kun nu of yaadachiisaa waan jiruuf haalli keessa jirru nu gammachiisaa dha jechuu hin dandeenyu.

Nageenya hiriyoootaa fi maatii keenyaa eeggachuun dhimma nu hundaa ti.

Odeeffannoo yeroo ammaa fi odeessa haaraa coronavirus (COVID-19) irratti argachuuf [Victorian Government's coronavirus website](#). laali.

Maatii kee keessaa namni kamiyyuu yoo mallattoo coronavirus (COVID-19), saphlaa illee tahu qabaate, gorsa argachuu fi ilaalamuu qaba. Mallattoon dhibee kun qaama gudaa (layida), dhaamochiisuu yookaan dafqisiisuu, qufaa, laagaa keessa dhukubuu, afuura kutaa yookaan furreessaa, yookaan funyaan foolii (smell) dhagahuu dadhabuu yookaan afaaniin dhandhama (taste) adda baasachuu dadhabuu dabalee ti. Eessatti akka ilaalamtu beekuuf odeeffannoo caaluuf [getting tested for coronavirus web page](#) ilaali.

Yoo ofii keetiif yookaan maatii keessaa namootni dhibeen kun qabate shakkitee fi odeeffannoo barbaadde, toora gargaarsa bilbilaa coronavirus sa'aa 24 dalagu 1800 675 398 irratti bilbili.

Adj Clin Prof Brett Sutton
Victorian Chief Health Officer